# BQD'n Maalii?



Oromia Bureau of Agriculture and Natural Resource

Japan International Cooperation Agency



# BQD’n Maalii?






# BQD'n:"Mana Barumsaa Utubaa hin Qabnee dha"

- BQD'n mana barumsaa Qotee Bultootaati, kan inni hundeeffamus Dirree Qotee Bultootaa irratti. Barumsi kunis Addunyaa irratti beekkamtii kan argatee dha. Fkn'f; biyyoota kan akka (Eeshiyaa, Ameerikaa, Afrikaa fi Itiyoophiyaa).
- Miseensota fedhii qaban qofatu irratti hirmaatu.
- Umuriidhaan kan daanga'uu miti (Dargaggeessa/ Manguddoota) Saala (Dhiira/Dubara).
- Mana barumsaa idileen alaa dha, (Miseensota barumsa hin qabnellee kan hirmaachisuu dha).






# Maasiin Qotee Bulaa Bakka Barumsaati

- Maasiin simataa bakka barumsaa qonnaan bultootni itti baratanii fi barumsi kan gaggeeffamus maasii qotee bulaa irratti.

- Torban keessatti guyyaa tokko sagantaa gaggeeffamuu dha. Ganamaan jalqabamee, sa’aa 3.5-4’tti haala waliigaltee miseensotaatiin ni xummurama. Turtii waggaa tokkoon booda miseensonni BQD ni eebbifamu.






# BQD’n Barumsa Gareedhaan Gaggeeffamuu dha

- BQD’n Barumsa Gareedhaan kan gaggeeffamu yoo ta’u, miseensota qotee bulaa 25-30 of-keessatti kan qabaatuu dha.
- Akkaataan filannoo miseensotaa kan murtaa’u fedhii miseensotaa irratti ta’ee, miseensotni fedhii qaban torban torbaniin sagantaa BQD irratti ni hirmaatu.
- Miseensonni BQD Saalaan wal-qixa ta’an barumsa irratti hirmaatu.
- Gareen miseensota BQD sagantaa torban torbaniin gaggeeffamu irratti dandeettii qabaniin wal-gargaaru.


Haala mijeesa
Qotee bulaa




# Qotee Bultootni Sagantaa BQD Gaggeessu

- BQD'n barumsaa Qotee Bultootaan kan gaggeeffamuu dha.
- Ogeessi Waajjiraa ykn Haala Mijeessaan, deeggarsa ogummaa ni kenna.





# 5 Sagantaa BQD Torbanii

- Miseensonni garee BQD torban torbaniin wal-gahu,
- Ganama irraa jalqabuun turtii sa’aa 3.5-4’tti guyyaa walii galteerra gahaniin sagantaa BQD ni gaggeessu,
- Hirmaannaan miseensotaa torban torbanin ni too’atama.


Dallaa
20 m
Miinaan Nyaataa Sanyii Nannoo
Miinaan Nyaataa Sanyii Filatamaa
10 m
10 m
10 m





# Teeknoolojii Hirmaachisaa ta’e Uumuu (THU)’n ni gaggeeffama

- THU yaaliiwwan qorannoo sasalphoo ta’an BQD keessatti ni gaggeeffamu, yaada haarawaa fi mala teeknoolojii adda addaa irratti yaalii fi qorannoon ni taasifama.






Chartii AESA
Maqa Garee Jiituu
Guyaa AESAn Fudhatamee 6/12/04
Gosa biiiftuu raafuu
Guyya Faca.ee 5/9/04
Guyya dhabatee 11/11/04
dhiibee hin jiru
AESA Fudhatamee
Xa.odhan
bal'ina bala cm 9.25 Aftesiin
bayina balaa 12
biifa isa maqariisa
dheetiina isa cm 10
Xa.omalee
bay'ina bala 14
bal'inaa bala isaa 13
ojaa isa 10
biifaa isa maqarisa
Rakkoo
Kan hubatamee
Aramaa qabaachuu isaa
Shoogootan haqachuu isaa
Hanqina Xa.oo
Mala Furmaataa
Aramaamuu qaabaa
Shoogoohamuu qaba
Xa.oo Argachuu qaba




# Haala Wal-ta'iinsa Biqilootaa fi Naannoo Isaanii (AESA)

- AESA'n kan of keessatti qabatu:
- Daawwannaa idilee Midhaan nyaataa/ biqilaa mukaa/Horii kkf,
- Maasii qonnaa irratti rakkoo isaanii addaan baasuu fi furmaata rakkoo isaa kaa'uu,
- Xiinxala haala guddinaa/oomishaa irratti gaggeessuu fi galmeessuu.





# 8 Amala Bashannansiisaa

- Miseensonni akka dammaqan ni taasisa,
- Walitti dhufeenya miseensotaa ni dabala,
- Miseensonni bashannanaa fi tabaatin barumsi akka darbu ni tasisa,
- Barumsicha akka fudhatan ni deegara,
- Ergaa brumsaa Bifa Sirbaan dabarsuu.





# 9 Mata Duree Haarawa

- Haala mijeessaan BQD miseensotni Barumsa waayee qonna isaanii akkasums fedhii miseensotaa irratti hundaa’uun mata duree barumsaa miseensonni barachuu kan barbaadan irratti qophaayee akka baratan ni taasisa.






# Guyyaa Dirree

- Miseensotni BQD muuxannoowwan baratan hawaasa naannoo isaaniif akka qoodan pirojektiin gargaarsa ni godha.
- Miseensonni BQD waan BQD irraa baratan  hiriyyaa isaaniifis ta’ee Ollaa isaaniif akka qoodan ni taasifama.


FAO



11

# Eebba

- Miseensonni BQD hirmaannaan isaanii % 75 fi isaa ol kan ta'an xummura irratti ni eebbifamu.
- Hirmaannaan BQD % 90 fi isaa ol kan ta'e ulaagaa eebbaa ni guuta.






# Deeggarsa Garee BQD'f Godhamu

- Yeroo miseensotni BQD sagantaa BQD torban torbaniin gaggeeffamu irratti hirmaatan Kaffaltiin durgoo isaaniif  kaffalamu hin jiru!
- Meeshaalee barreessaa BQD raawwii sagantichaaf kan kennamu ta'a,
- Baajata barumsaa BQD adeemsisuudhaaf ramadame(walii-gala Qarshii 1,600 (Yaalii Yeroo Gannaaf Qarshii 700 + Yeroo Bonaaf Qarshii 900)gosaan kan kennamu ta'a,
- Baasiin kan biroo(Guyyaa Dirreef qarshii 400).